Waggaa 9ffaa..........................Lak. 12
፱ኛ ዓመት..........................ቁጥር ፸፫
9th year..........................No. 73

Finfinnee, Sadaasa 25/1993
ፊንፊኔ፣ ህዳር ፳፭ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ.ም

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin tokkoo ..........................4.20<br>ያንዱ ዋጋ.......................... "<br>Unit Price .......................... " | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa ..........................101769<br>የፖ.ሣ.ቁጥር.......................... "<br>P.O.Box.......................... " |

*Dambii Lakk 21/1993*
Dambii Mana Marii Ittisaafi To'annaa HIV/AIDS Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe .......................... fuula 1

## Dambii Mana Marii Ittisaafi To'annaa HIV/AIDS Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 21/1993

HIV/AIDS'n rakkoo fayyaafi misoomaa tahuusaa hubachuudhaan; HIV/AIDS'n waggootii darban Naannicha keessatti hatattamaan tamsa'uudhaan, rakkoofi duutni ummaticharraan gahaa jiru guddaa tahee waan argameef;

Tamsa'inni HIV/AIDS yeroodhaan yoo ittisamuu baate miidhaa guddaa dhaloota irratti gahu of-dura hubachuudhaan;
Qaama tattaaffii dhaabbattoonni Mootummaafi mit-mootummaa addaddaa akkasumas kutaaleen hawaasaa garagaraa kanneen Naannicha keessa jiran weerara kana ittisuufi nageenya hubamtootaa eeguuf godhan qindeessuufi Naannicha keessatti hojiirra ooliinsa imaammata HIV/AIDS ol-aantummaan hogganu hundeessuun waan barbaachiseef;

Koreen Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Heera Naannichaa keewwata 54(6) bu'uura gochuudhaan Dambii kanatti aanu baaseera.

1. **Mata Duree Gabaabaa**
   Dambiin kun "Dambii mana Marii Ittisaafi To'annoo HIV/AIDS Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf bahe Lakk. 21/1993" jedhamee eeramuu ni danda'a.

2. **Hiika**
   Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo tahe malee, Dambii kana keessatti:
   (1) "Mootummaa Naannoo" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

ደንብ ቁጥር ፳፩/፲፱፻፺፫
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኤች.አይ.ቪ/ኤድስ መከላከያና መቆጣጠሪያ ምክር ቤትን ለማቋቋም የወጣ ደንብ .................................................ገፅ 1

## የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኤች.አይ.ቪ/ኤድስ መከላከያና መቆጣጠሪያ ምክር ቤትን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፳፩/፲፱፻፺፫

ኤች አይ ቪ/ኤድስ የጤና እና የልማት ችግር መሆኑን በመረዳት፣ ኤች.አይ.ቪ/ኤድስ ባለፉት ዓመታት በክልሉ ውስጥ በፍጥነት በመሠራጨት በሕዝቡ ላይ በማዳረስ የሚገኘው ችግር እና ሞት ከፍተኛ ሆኖ ስለተገኘ ፤

የኤች አይ ቪ/ኤድስ ሥርጭት በጊዜ ካልተገታ በስተቀር በትውልድ ላይ የሚያደርሰውን ከፍተኛ ጉዳት በመረዳት፤
መንግሥታዊ እና መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶችን ጥረት እንደዚሁም ክልሉ ውስጥ የሚገኙት የተለያዩ የህብረተሰብ ክፍሎች ይህን ወረርሽኝ ለመከላከል እና የተጠቂዎችን ደህንነት ለመጠበቅ የሚያደርጉትን ድጋፍ የሚያስተባብር እና በክልሉ ውስጥ የኤች አይ ቪ/ኤድስን ፖሊሲ የሚመራ አካል ማቋቋም ስላስፈለገ፤

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የክልሉን ሕገ-መንግሥት አንቀጽ ፶፬(፮)ን መሠረት በማድረግ ከዚህ የሚከተለውን ደንብ አውጥቷል።

፩. <u>አጭር ርዕስ</u>
   ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልል የኤች አይ ቪ/ኤድስ መከላከያና መቆጣጠሪያ ምክር ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፳፩/፲፱፻፺፫" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪. <u>ትርጓሜ</u>
   የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፣
   ፩. "የክልል መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው።

(2) "Ittisuu" jechuun jarmiin dh ukkuba HIV/AIDS fidu kutaa hawaasaa kan fayyaa qabutti akka hin dabarre gochuudha.

(3) "To'achuu" jechuun hordoffiifi tarkaanfii tamsaa'inaafi miidhaa HIV/AIDS'n fidu salphisuuf ykn dhabamsiisuuf fudhatamuu dha.

**3. Hundeeffamuu**

1. Manni Marii Ittisaafi To'annoo HIV/AIDS Naannoo Oromiyaa (kanaan booda "Mana Marii" jedhamee kan waamamu) Dambii kanaan hundeeffameera.

2. Ittiwaamamni:
   (a) Mana Marii Naannoo, Koree Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannichaatiif;
   (b) mana marii godinaa, Mana Marii Naannootiif;
   (c) mana marii aanaa, mana marii godinaatiif taha.

**4. Kaayyoolee Mana Marichaa**

1. Sochii HIV/AIDS ittisuufi to'achuuf bifa qindaaween cimsuudhaan hawaasichi weerara kanarraa of eegee dhaloonni dhukkuba HIV/AIDS'n akka hin hubamne ittisuu;
2. Dhiibbaalee hawaasummaa, diinagdummaafi yaada-qalbii kan sababii HIV/AIDS'n gahaa jiru hir'isuu ykn dhabamsiisuu.

**5. Gurmaa'ina**

Qaamotni dhimma HIV/AIDS kan armaan gadii ni ta'u:
1) Sadarkaa Naannoo, godinaa fi aanaatti Mana Marii;
2) Koree Hojii Raawwachiiftuu Mana Marii Naannoo fi
3) Waajjira Qindeessituu (kanaan booda "Waajjira" jedhamee kan waamamu).

**6. Miseensota Mana Marichaa**

Manni Marii Naannoo miseensota kanatti aanan kan 60-80 hincaalle ni qabaata:
1. Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa...Dura taa'aa
2. Itti gaafatamaa Damee Hawaasummaa..I/A Dura taa'aa
3. Itti gaafatamaa Damee Diinagdee ................Miseensa
4. Hogganaa Biiroo Eegumsa Fayyaa ................Miseensa
5. Hogganaa Waajjirichaa...............: Miseensaafi Barreessaa
6. Hogganaa Biiroo Barnootaa ...........................Miseensa
7. Hogganaa Biiroo Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa ................................................................ Miseensa
8. Hogganaa Biiroo Aadaafi Beeksisaa.............Miseensa
9. Hogganaa Biiroo Misooma Qonnaa................ Miseensa
10. Hogganaa Biiroo Daldala, Induustriifi Tuuriizimii ................................................................Miseensa
11. Hogganaa Biiroo Geejjibaafi Quunnamtii........ Miseensa
12. Hogganaa Biiroo Qophii fi Ittisa Balaa........... Miseensa
13. Hogganaa Biiroo Bishaan, Albuudaafi Inarjii ................................................................Miseensa
14. Hogganaa Biiroo Hojii fi Misooma Magaalaa ................................................................Miseensa
15. Hogganaa Biiroo Karooraafi Misooma Diinagdee ................................................................Miseensa
16. Hoggantuu Damee Dhimma Dubartootaa......Miseensa
17. Hogganaa Biiroo Dhimma Seeraa.................. Miseensa
18. Hogganaa Biiroo Faaynaansii.............................. "
19. Hogganaa Koomishinii Poolisii............................ "
20. Hogganaa Komishinii Ispoortii............................ "
21. Dura taa'ota koree Hojii Raawwachiiftuu godinaalee ................................................................ Miseensa



፪. "መከላከል" ማለት የኤች አይ ቪ/ኤድስ በሽታን የሚያመጣ ጀርም ወደ ጤነኛው የህብረተሰብ ክፍል እንዳይተላለፍ ማድረግ ነው።

፫. "መቆጣጠር" ማለት የኤች አይ ቪ/ኤድስ ሥርጭትን እና የሚያመጣውን ጉዳት ክትትል በማድረግ ለማቃለል ወይም ለማስወገድ የሚወሰድ እርምጃ ነው።

**፫. መቋቋም**

፩. የኦሮሚያ ክልል የኤች አይ ቪ/ኤድስ መከላከያና መቆጣጠሪያ ምክር ቤት (ከዚህ በኂላ ምክር ቤት ተብሎ የሚጠራው) በዚህ ደንብ ተቋቋሟል።

፪. ተጠሪነት
   ሀ) የክልል ምክር ቤት ፣ ለክልሉ ምንግሥት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ፣
   ለ) የዞን ምክር ቤት፣ ለክልል ምክር ቤት
   ሐ) የወረዳ ም/ቤት፣ ለዞን ምክር ቤት

**፬. የምክር ቤቱ ዓላማዎች**

፩. ኤች አይ ቪ/ኤድስን ለመከላከል እና ለመቆጣጠር በተቀናጀ መልክ እንቅስቃሴውን በማጠናከር ህብርተሰቡ ከዚህ ወረርሽኝ ራሱን ጠብቆ ትውልድ በኤድስ በሽታ እንዳይጠቃ መከላከል፣
፪. በኤድስ ምክንያት በመድረስ ላይ የሚገኘውን ማሕበራዊ፣ ኢኮኖሚያዊና ሥነ-ልቦናዊ ተጽዕኖዎችንና ችግሮችን መቀነስ ወይም ማስወገድ፣

**፭. አደረጃጀት**

የኤች.አይ.ቪ/ኤድስ ጉዳይ አካላት ከዚህ የሚከተሉት ይሆናሉ።
፩. ምክር ቤት በክልል፣ በዞን እና በወረዳ ደረጃ፣
፪. የክልል ምክር ቤት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ እና
፫. የማስተባበሪያ ጽ/ቤት (ከዚህ በኂላ ጽ/ቤት ተብሎ የሚጠራ)።

**፮. የምክር ቤቱ አባላት**

የክልሉ ምክር ቤት ከዚህ የሚከተሉት ከ፳ እስከ ፴ የማይበልጡ አባላት ይኖሩታል።
፩. ክልሉ መንግሥት ፕሬዚዳንት.......................ሊቀመንበር
፪. የማህበራዊ ዘርፍ ኃላፊ.......................ም/ሊቀመንበር
፫. የኢኮኖሚ ዘርፍ ኃላፊ.......................................አባል
፬. የጤና ጥበቃ ቢሮ ኃላፊ.......................................አባል
፭. የጽ/ቤቱ ኃላፊ.......................................አባልና ፀሐፊ
፮. የትምህርት ቢሮ ኃላፊ....................................... አባል
፯. የሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ ቢሮ ኃላፊ...............አባል
፰. የባህልና ማስታወቂያ ቢሮ ኃላፊ .......................አባል
፱. የግብርና ልማት ቢሮ ኃላፊ ...........................አባል
፲. የንግድ፣ ኢንዱስትሪና ቱሪዝም ቢሮ ኃላፊ ......... አባል
፲፩. የትራንስፖርትና መገናኛ ቢሮ ኃላፊ ............... አባል
፲፪. የአደጋ መከላከልና ዝግጁነት ቢሮ ኃላፊ ......... አባል
፲፫. የውሀ፣ ማዕድንና ኢነርጂ ቢሮ ኃላፊ ........... አባል
፲፬. የሥራና ከተማ ልማት ቢሮ ኃላፊ ................. አባል
፲፭. የፕላንና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ኃላፊ ........... አባል
፲፮. የሴቶች ጉዳይ ዘርፍ ኃላፊ ....................... አባል
፲፯. የፍትሕ ጉዳይ ቢሮ ኃላፊ ....................... አባል
፲፰. የፋይናንስ ቢሮ ኃላፊ ............................... አባል
፲፱. የፖሊስ ኮሚሽን ኃላፊ ............................... አባል
፳. የስፖርት ኮሚሽን ኃላፊ ............................... አባል
፳፩. የዞኖች የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ሊቃነመናብርት ................................................................ አባል

22. Itti gaafatamtoota ykn bakka bu'oota waajjira godinaalee ....................................................Miseensa
23. Itti Gaafatamtoota qajeelcha fayyaa godinaalee ....................................................Miseensa
24. Bakka buutota dhaabbatoota Uummataa, amantii fi mit-mootummaa .......................................... Miseensa
25. Bakka bu'oota waldootaa adda addaa............ Miseensa
26. Bakka bu'oota waldaa namoota HIV/AIDS wajjin jiraatanii ....................................................Miseensa
27. Nama ykn ogeessa beekamoo......................... Miseensa
28. Akkuma barbaachisummaasaanitti qaamota biroo ....................................................Miseensa

**7. Aangoofi Hojii Mana Marichaa**

Manni Marii Naannoo aangoofi hojii kanatti aanu ni qabaata:

1) Imaammata HIV/AIDS kan Mootummaa Feederaa laatiin bahe haala qabatamaa Naannichaatiin hojiirra ooluu isaa ni hordofa; ni to'ata;
2) Karoora fi Baajata Waajjirichaa kan koree hojii raawwachiiftuu Mana Marii Naannootiin dhiyaatuuf qoratee ni raggaasisa;
3) Gabaasa raawwannaa hojii kanneen qaama dhimmi ilaaluun dhiyaatuuf ni dhaggeeffata; ni qorata; ni raggaasisa; qajeelfama barbaachisaa tahe ni kenna;
4) Miseensota koree hojii raawwachiiftuu Mana Marii Naannoo 5-9 ta'an ni fila;
5) Kaayyooleen Mana Marii kanneen Dambii kana keewwata 4(1) fi (2)rratti eeraman sirriitti hojiirra ooluusaanii ni hordofa;
6) Hojiilee biiroo kanneen kaayyoosaa galmaan gahuuf barbaachisan ni hojjata.

**8. Aangoofi Hojii Hoggantoota Mana Marichaa**

1. Dura taa'aan Mana Marii hojiilee Mana Mariifi koree hojii raawwachiiftuu Mana Marii Naannoo ni hooggana.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)rratti kan eerame akkuma eegametti tahee, Dura taa'aan Mana Mariichaa aangoofi hojiilee kanatti aanan ni qabaata:

   (a) Aangoofi hojiileen Dambii kana keewwata 7 jalatti Mana Mariif kennaman hojiirra ooluusaanii ni hordofa;
   (b) Barreessichi waliin ta'uudhaan, ajandaa walgahii Mana Marichaa ni qopheessa;
   (c) Walquunnamtii Manni Marichaa qaamota sadaffaa wajjin godhu hundaarratti Mana Marii bakka ni bu'a;
   (d) Sochii hojii Mana Marichaa ilaalchisee gabaasa ni dhiheessa;
   (e) Hojiilee biroo kanneen Mana Marichaan kennamaniif ni raawwata

3. Dura taa'aan aangoofi hojii isaarraa hamma hojii Mana Marichaa si'oomsuuf barbaachisutti qoodee I/A Dura taa'aaf ykn Barreessichaaf ykn miseensota Mana Marii kanneen birootiif bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a.

4. I/A Dura taa'aa Mana Marichaa:

   (a) Bakka dura taa'aan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjata;
   (b) Hojiiwwan dura taa'aan kennamniif ni raawwata.



፳፪. የዞን ጽ/ቤቶች ኃላፊዎች ወይም ተወካዮች ........አባል
፳፫. የዞኖች ጤና ጠበቃ ኃላፊዎች ወይም ተወካዮች....አባል
፳፬. የሕዝባዊ፣ የሃይማኖት እና መንግሥታዊ ያልሆኑ ተቋማት ተወካዮች........................................ አባል
፳፭. የልዩ ልዩ ማህበራት ተወካዮች ...................... አባል
፳፮. ከኤች.አይ.ቪ/ኤድስ ጋር የሚኖሩ ሰዎች ተወካዮች ........................................................................አባል
፳፯. ታዋቂ ግለሰብ ወይም ባለሙያ ..........................አባል
፳፰. እንዳስፈላጊነቱ ሌሎች አካላት ..........................አባል

**፯. የምክር ቤቱ ስልጣን እና ተግባር**

የክልል ምክር ቤት ከዚህ የሚከተሉት ሥልጣን እና ተግባር ይኖሩታል።

፩. በፌዴራል መንግሥት የወጣው የኤች.አይ ቪ/ኤድስ ፖሊሲ በክልሉ ተጨባጭ ሁኔታ ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል።
፪. በክልል ምክር ቤት የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚቀርብለትን የጽ/ ቤቱን ዕቅድና በጀት መርምሮ ያፀድቃል።
፫. ጉዳዩ በሚመለከተው አካል የሚቀርብለትን የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ያዳምጣል፣ ይመረምራል፣ ያፀድቃል፣ አስፈላጊ የሆነውን መመሪያ ይሰጣል።
፬. ፭—፱ የሚሆኑ የክልል ምክር ቤት የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ አባላትን ይመርጣል።
፭. በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፬ (፩) እና (፪) ላይ የተገለፁትን የምክር ቤቱ ዓላማዎች በትክክል ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል።
፮. ዓላማውን ከግብ ለማድረስ የሚያስፈልጉትን ሌሎች ሥራዎችን ይሠራል።

**፰. የምክር ቤቱ አመራሮች ሥልጣንና ተግባር**

፩. የምክር ቤቱ ሊቀመንበር የክልል ምክር ቤት እና ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ተግባራትን ይመራል።

፪. በዚሁ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (፩) ላይ የተገለጸው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የምክር ቤቱ ሊቀመንበር ከዚህ የሚቀሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል።

   ሀ) በዚህ ደንብ አንቀጽ ፯ ስር ለምክር ቤት የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል።
   ለ) ከፀሐፊው ጋር በመሆን የምክር ቤቱን የስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል።
   ሐ) ምክር ቤቱ ከሦስተኛ አካላት ጋር በሚያደርገው ግንኙነት ሁሉ ምክር ቤቱን ይወክላል።
   መ) የምክር ቤቱን የሥራ እንቅስቃሴ በሚመለከት ሪፖርት ያቀርባል።
   ሠ) በምክር ቤቱ የሚሠጡትን ሌሎች ሥራዎችን ያከናውናል።

፫. ሊቀመንበሩ የምክር ቤቱን ሥራ ለማቀላጠፍ እስካስፈለገ ድረስ ከሥልጣኑና ከተግባሩ ላይ አካፍሎ ለምክትል ሊቀመንበሩ ወይም ለፀሀፊው ወይም ለሌሎች የምክር ቤቱ አባላት ውክልና መስጠት ይችላል።

**፱. የምክር ቤቱ ም/ሊቀምንበር**

   ሀ) ሊቀመንበሩ በሌለበት ቦታ ተተክቶ ይሠራል።
   ለ) በሊቀመንበሩ የሚሠጡትን ተግባራት ያከናውናል።

5. Barreessaa Mana Marichaa:
   (a) Dura taa'aa wajjin mari'achuudhaan ajandaa walgahii Mana Marichaa ni qopheessa;
   (b) Qabooyaa'ii walgahii Mana Marichaafi koree hojii raawwachiiftuu Naannoo ni qaba; sirriitti akka eegamu ni godha;
   (c) Hojiilee biroo kanneen Mana Marichaan, koree hojii raawwachiiftuu Naannootiin ykn dura taa'aadhaan kennamaniif ni raawwata.

9. **Aangoofi Hojii koree Hojii Raawwachiiftuu:**
   Koreen hojii raawwachiiftuu Naannoo aangoofi hojiilee kanatti aanan ni qabaata:
   1) Qajeelfamoonnii fi karoorawwan kan Mana Mariitiin ragga'an Waajjirichaan hojiirra ooluusaanii ni hordofa;
   2) Baajata Waajjirichaan qophaa'ee dhiyaate qoratee Mana Mariitiif ni dhiheessa; yemmuu hayyamus hojiirra ooluusaa ni hordofa;
   3) Gabaasa sochii hojii Waajjirichaa ni dhaggeeffata; qoratee Mana Marichaaf akka dhiyaatu ni godha;
   4) Raawwannoo hojiitiif akka mijaa'utti of jalatti koree wwan xixiqqoo adda addaa hundeessuu ni danda'a;
   5) Hojiilee biroo kanneen Mana Marichaan kennamaniif ni raawwata.

10. **Miseensota Mana Marii Godinaa**
   Manni marii godinaa miseensota kanatti aanan 40-60 hincaalle ni qabaata:
   1. Dura taa'aa koree hojii raawwachiiftuu godinaa ..... .......................................................Dura taa'aa
   2. Itti gaafatamaa dame hawaasummaa godinaa ...........................................................I/A dura taa'aa
   3. Itti gaafatamaa damee diinagdee godinaa ...........................................................Miseensa
   4. Itti gaafatamaa qajeelcha eegumsa fayyaa godinaa ...........................................................Miseensa
   5. Itti gaafatamaa ykn bakka bu'aa waajjira HIV/AIDS godinaa..........Barreessaafi miseensa
   6. Itti gaafatamaa qajeelcha barnoota godinaa ...........................................................Miseensa
   7. Itti gaafatamaa qajeelcha dhimma hojjataafi hawaasummaa godinaa........................ Miseensa
   8. Itti gaafatamaa qajeelcha aadaafi beeksisaa godinaa ............................................. Miseensa
   9. Itti gaafatamaa qajeelcha misooma qonnaa godinaa ............................................... Miseensa
   10. Itti gaafatamaa qajeelcha geejjibaafi quunnamtii godinaa............................................ Miseensa
   11. Itti gaafatamaa qajeelcha qophiifi ittisa balaa godinaa ............................................. Miseensa
   12. Ittigaafatamaa qajeelcha daldalaa, induustiriifi tuurizimii godinaa ..................................Miseensa
   13. Itti gaafatamaa qajeelcha koomiishinii ispoortii godinaa ........................................................Miseensa
   14. Itti gaafatamaa qajeelcha dhimma seeraa godinaa ..."
   15. Dura taa'oota caffee aanaalee.................................."
   16. Bakka bu'oota dhaabbattoota amanatii..................."
   17. Bakka buutuu dhimma dubartootaa......................."
   18. Itti gaafatamaa waldaa fannoo diimaa....................."
   19. Bakka bu'oota waldoota adda addaa......................."
   20. Bakka bu'oota waldaa namoota HIV/AIDS wajjin jiraatanii.........................................................."
   21. Nama ykn ogeessa beekamoo..................................."
   22. Akkuma barbaachisummaasaaniitti qaamota biroo...."

11. **Miseensota Mana Marii Aanaa**
   Manni marii aanaa miseensota kanatti aanan kan 40-60 hincaalle ni qabaata:
   1. Dura taa'aa caffee aanaa ...............Dura taa'aa



፭. የምክር ቤቱ ፀሐፊ
   ሀ) ከሊቀመንበሩ ጋር በመመካከር የምክር ቤቱን የስብሰባ አጀንዳ ያዘጋጃል፡፡
   ለ) የምክር ቤቱን እና የክልሉን ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ስብሰባ ቃለ-ጉባዔ ይይዛል፣ በሚገባ እንዲጠበቅ ያደርጋል፡፡
   ሐ) በምክር ቤቱ፣ በክልል ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ወይም በሊቀመንበሩ የሚሠጡትን ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

፱. የክልሉ የሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ስልጣን እና ተግባር፣
   የክልሉ ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ከዚህ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡፡
   ፩. በምክር ቤት የጸዱቁትን መመሪያዎች እና ዕቅዶች በጽ/ቤቱ ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፡፡
   ፪. በጽ/ቤቱ ተዘጋጅቶ የቀረበውን በጀት መርምሮ ለምክር ቤት ያቀርባል፣ ሲፈቀድም ሥራ ላይ መዋሉን ይከታተላል፡፡
   ፫. የጽ/ቤቱን የሥራ እንቅስቃሴ ሪፖርት ያዳምጣል፣ መርምሮ ለምክር ቤቱ እንዲቀርብ ያደርጋል፡፡
   ፬. ለሥራ አፈጻጸም እንዲያመች በሥሩ ልዩ ልዩ ንዑሳን ኮሚቴዎችን ሊያቋቁም ይችላል፡፡
   ፭. በምክር ቤቱ የሚሠጡትን ሌሎች ሥራዎች ያከናውናል፡፡

፲. የዞን ምክር ቤት አባላት
   የዞን ምክር ቤት ከዚህ የሚከተሉት ከ፵ -- ፷ የማይበልጡ አባላት ይኖሩታል፡፡
   ፩. የዞን ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ሊቀመንበር .....ሊቀመንበር
   ፪. የዞን ማህበራዊ ዘርፍ ኃላፊ..................ም/ሊቀመንበር
   ፫. የዞን ኢኮኖሚ ዘርፍ ኃላፊ..............................አባል
   ፬. የዞን ጤና ጥበቃ መምሪያ ኃላፊ.......................አባል
   ፭. የዞን ጽ/ቤቱ ኃላፊ.................................አባልና ፀሐፊ
   ፮. የዞን ትምህርት መምሪያ ኃላፊ.........................አባል
   ፯. የዞን ሠራተኛና ማህበራዊ ጉዳይ መምሪያ ኃላፊ....አባል
   ፰. የዞን ባህልና ማስታወቂያ መምሪያ ኃላፊ ...........አባል
   ፱. የዞን ግብርና ልማት መምሪያ ኃላፊ ....................አባል
   ፲. የዞን ንግድ፣ ኢንዱስትሪና ቱሪ ዝም ቢሮ ኃላፊ.....አባል
   ፲፩. የዞን የአደጋ መከላከልና ዝግጁነት መምሪያ ኃላፊ .........................................................................አባል
   ፲፪. የዞን ንግድ፣ ኢንዱስትሪና ቱሪዝም መምሪያ ኃላፊ .........................................................................አባል
   ፲፫. የዞን ስፖርት ኮሚሽን መምሪያ ኃላፊ.....አባል
   ፲፬. የዞን የፍትሕ ጉዳይ መምሪያ ኃላፊ ..................አባል
   ፲፭. የወረዳ ምክር ቤት ሊቃነ-መናብርት .................አባል
   ፲፮. የሃይማኖት ተቋማት ተወካዮች .......................አባል
   ፲፯. የሴቶች ጉዳይ ተወካይ.....................................አባል
   ፲፰. የቀይ መስቀል ማህበር ኃላፊ ........................ አባል
   ፲፱. የልዩ ልዩ ማህበራት ተወካዮች ....................... አባል
   ፳. ከኤች.አይ.ቪ/ኤድስ ጋር የሚኖሩ ሰዎች ተወካዮች .......................................................................... አባል
   ፳፩. ታዋቂ ግለሰብ ወይም ባለሙያ ......................... አባል
   ፳፪. እንዳስፈላጊነታቸው ሌሎች አካላት .................. አባል

፲፩. የወረዳ ምክር ቤት አባላት
   የወረዳ ምክር ቤት ከዚህ የሚከተሉት ከ፵ -- ፷ የማይበልጡ አባላት ይኖሩታል፡፡
   ፩. የወረዳ መስተዳድር ም/ቤት ሊቀ መንበር......ሊቀመንበር

2. Itti gaafatamaa damee hawaasummaa aanaa ..........................................I/A dura taa'aa
3. Itti gaafatamaa damee diinagdee aanaa.........Miseensa
4. Itti gaafatamaa ykn bakka bu'aa waajjira HIV/AIDS aanaa ..........................................Barreessaafi Miseensa
5. Itti gaafatamaa ykn bakka bu'aa waajjira eegumsa fayyaa aanaa...........................................Miseensa
6. Itti gaafatamaa waajjira barnoota aanaa.................''
7. Itti gaafatamaa waajjira Misooma qonnaa aanaa......''
8. Itti gaafatamaa waajjira small polisii aanaa...Miseensa
9. Itti gaafatamaa dhimma seeraa aanaa...................''
10. Bakka bu'oota dhaabbattoota amantii aanaa..........''
11. Bakka bu'oota waldoota addaaddaa aanaa............''
12. Bakka buutuu dhimma dubartoota aanaa..............''
13. Bakka bu'oota Waldaa namoota HIV/AIDS wajjin jiraatanii...............................................''
14. Hojii gaggeessitoota warshaalee aanicha keessa jiranii...............................................''
15. Bakka bu'oota dhaabbattoota mit-mootummaa.........''
16. Nama ykn ogeessa beekamoo ...............................''
17. Akkuma barbaachisummaasaaniiti kanneen biroo....''

## 12. Aangoofi Hojii Mana Marii Godinaa ykn Aanaa

1. Manni marii godinaa:
   a) Dambii kana keewwata 7 (1), (3), (5) fi (6) jalatti kan ibsaman godinicha keessatti ni raawwata;
   b) Gabaasa hojii Mana Marii Naannootiif ni dhiyeessa;
   c) Hojii biraa Mana Marii Naannootiin keenamanuuf ni raawwata.

2. Manni marii aanaa:
   a) Hojiiwwan keewwata kana 1 (a) jalatti ibsaman aanaa isaa keessatti ni raawwata;
   b) Koree qindeessituu sadarkaa araddaatti ni gurmeesaa;
   c) Qaammota ykn waltajiiwajjummee bakka ummatni baay'inaan itti walitti qabamu kan akka warshaaleefi dhaabbattoota bamootaa gurguddoo keessatti ni gur meessa; ni qindeessa;
   d) Gabaasa hojii mana marii godinaatiif ni dhiyeessa;
   e) Hojii biraa mana marii godinaatiin keenamu ni raawwata.

3. Dura taa'aan, i/a dura taa'aa fi barreessaan mana marii godinaafi aanaa akkuma barbaachiisummaa isaatti aangoofi hojii keewwata 8 (1-5) jalati ibsaman sadarkaa ramadamanitti ni qabaatu.

## 13. Sirna Walgahii

1. Manni marii kam iyyuu ji'a sadiitti yoo xinnaate yeroo tokko walgahii idilee ni qabaata. Tahus, dura taa'aan mana marii ykn miseensota keessaa walakkaa ol yoo gaafatan walgahii atattamaa adeemsisuu ni danda'a.
2. Miseensota mana marii keessa walakkaa ol walgahicharratti yoo argaman walgahiin adeemsifamuu ni danda'a.
3. Murtiileen mana marii caalmaa sagaleetiin dabru. Sagaleen gamoota lameeniin kenname yoo walqixxee tahe, sagaleen dura taa'aa shoora (ga'ee) murteessummaa ni qabaata.
4. Tumaaleen keewwata kanaa akkuma eegamanitti tahanii, manni marii sirna walgahii kan ofiisaa baafachuu ni danda'a.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1-4) jalatti kan ibsaman akkuma eegamanitti ta'anii, koreen hojii raawwachiiftuu Mana Marii Naannoo ji'atti yeroo tokko walgahii idilee ni adeemsisa.



፪. የወረዳ የማህበራዊ ዘርፍ ኃላፊ...........ም/ሊቀመንበር
፫. የወረዳ ኢኮኖሚ ዘርፍ ኃላፊ...........................አባል
፬. የወረዳው ኤች. አይ..ቪ ኤድስ ጽ/ቤት ኃላፊ ወይም ተወካይ ....................................አባልና ፀሐፊ
፭. የወረዳ የጤና ጥበቃ ጽ/ቤት ኃላፊ ወይም ተወካይ ..................................................................አባል
፮. የወረዳ ትምህርት ጽ/ቤት ኃላፊ .......................አባል
፯. የወረዳ ግብርና ልማት ጽ/ቤት ኃላፊ .................አባል
፰. የወረዳ ፖሊስ ጽ/ቤት ኃላፊ .............................አባል
፱. የወረዳ የፍትሕ ጉዳይ ኃላፊ ........................ አባል
፲. የወረዳ የሃይማኖት ተቋማት ተወካዮች ........... አባል
፲፩. የወረዳ የተለያዩ ማህበራት ተወካዮች ............. አባል
፲፪. የወረዳ የሴቶች ጉዳይ ተወካይ .......................አባል
፲፫. ከኤች.አይ.ቪ/ኤድስ ጋር የሚኖሩ ሰዎች ተወካዮች ........................................................ አባል
፲፬. በወረዳው ውስጥ የሚገኙ ፋብሪካዎች ሥራ አስኪያጆች.....................................................አባል
፲፭. መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች ተወካዮች...........አባል
፲፮. ታዋቂ ግለሰብ ወይም ባለሙያ .......................አባል
፲፯. እንዳስፈላጊነታቸው ሌሎች አካላት ..................አባል

## ፲፪. የዞን ወይም የወረዳ ምክር ቤት አባላት ሥልጣን እና ተግባር

፩. የዞን ምክር ቤት፣
   ሀ) በዚህ ደንብ አንቀጽ ፯ (፩)፣(፫)፣(፭) እና (፮) ሥር የተገለጹትን በዞኑ ውስጥ ያከናውናል፡፡
   ለ) ለክልል ም/ቤት የሥራ ሪፖርት ያቀርባል፡፡
   ሐ) በክልል ም/ቤት የሚሠጠውን ሌላ ተግባር ያከናውናል፡፡

፪. የወረዳ ምክር ቤት፣
   ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ (ሀ) ሥር የተገለጹ ተግባራትን በወረዳው ውስጥ ያከናውናል፡፡
   ለ) አስተባባሪ ኮሚቴ በቀበሌ ደረጃ ያደራጃል፣ ያስተባብራል፡፡
   ሐ) ሕዝብ በብዛት በሚገኝበት ቦታ እና በትላልቅ ፋብሪካዎች ውስጥ የጋራ መድረክን ወይም አካላትን ያደራጃል፣ ያስተባብራል፡፡
   መ) ለዞን ምክር ቤት የሥራ ሪፖርት ያቀርባል፡፡
   ሠ) በዞን ምክር ቤት የሚሰጠውን ሌላ ተግባር ያከናውናል፡፡

፫. የዞንና የወረዳ ምክር ቤት ሊቀመንበር ፣ ምክትል ሊቀመንበርና ጸሐፊ እንደአስፈላጊነቱ በተመዱቡበት ደረጃ በአንቀጽ ፰ (፩--፭) ስር የተገለጹትን ስልጣንና ተግባር ይኖራቸዋል፡፡

## ፲፫. የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት

፩. ማንኛውም ምክር ቤት ቢያንስ በሦስት ወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል፡፡ ሆኖም የምክር ቤት ሊቀመንበር ወይም ከአባላት መካከል ከግማሽ በላይ ከጠየቁ አስቸኳይ ስብሰባ ማካሄድ ይችላል፡፡
፪. ከምክር ቤት አባላት መካከል ከግማሽ በላይ በስብሰባው ላይ ከተገኙ ስብሰባው ሊካሄድ ይችላል፡፡
፫. የምክር ቤት ውሳኔዎች በድምጽ ብልጫ ይተላለፋሉ ፡፡ በሁለቱም ወገን የተሰጠው ድምጽ እኩል ከሆነ የሊቀመንበሩ ድምጽ ወሳኝነት ይኖረዋል፡፡
፬. የዚህ አንቀጽ ድንጋጌዎች እንደ ተጠበቁ ሆነው ም/ቤቱ የዚህን ስብሰባ ሥነ-ሥርዓት ለራሱ ሊያወጣ ይችላል፡፡
፭. የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1-4) ሥር የተገለፁት እንደተጠበቁ ሆነው የክልል ሥራ አስፈፃሚ ኮሚቴ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ያካሂዳል፡፡

14. **Caasaa, Aangoofi Hojii Waajjirichaa**

1. Waajjirichi:
   a) Haala koree Hojii Raawwachiiftuun Mootummaa Naannoo murteessuun ni caaseffama;
   b) Hogganaan Waajjirichaa korree Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannootiin muudama;
   c) Hojjattootta barbaachisaa ta'an ni qabata.

2. Waajjirichi:
   a) Karooraafi baajata ni qopheessa; Mana Marii Naannootiin yemmuu hayyamamu hojiirra ni oolchaa; sagantaalee hojii HIV/AIDS ni baasa;
   b) HIV/AIDS to'achuufi ittisuuf qajeelfama ni qopheessa; Mana Marii Naannootiin yemmuu ragga'u ni raawwachiisa;
   c) HIV/AIDS akka hin babal'annetti tooftaaleen ittisaafi to'annoo cimanii akka hojiiraa oolan ni godha;
   d) Namoota Vaayrasichaa wajjin jiraatan, dhukkubsattoonni HIV/ AIDS, daa'imman sababii dhukkuba kanaatiin maatii isaanii dhabaniifi miseensonni maatii kanneen miidhaan irra ga'e karaa kunuunsa argachuu itti danda'an ni mijeessa;
   e) Sadarkaa Naannoofi biyyaalessaatti walquunnamtiilee tattaaffii dhukkubicha ittisuufi to'achuuf godhamu deeggaran ni cimsa;
   f) Mirgoonni namoomaa vaayrasichaa wajjin jiraatanifi dhukubsattoota HIV/AIDS akka kabajamaniif deeggarsa ni godha;
   g) Dhukkubicha ilaalchisee qu'annoofi qormaata yeroo isaa eeggate ni adeemsisa; bu'aan argamu hojiirra akkaa oolu tattaaffii barbaachisaa ni godha;
   h) Tajaajilli dhukkubichaa qormaata laaboraatooriitiin beekuu nama dandeessisuufi hojmaatni sarveelaansii cimaan hawwaasa keessatti tamsa'ina Vaayrasichaa hordofuu nama dandeessisu akka jiraatu ni godha;
   i) Dhaabbattoonni mootummaa fi mit-mootummaa, akkasumas matayyoonni sochii dhukkubicha ittisuufi to'achuuf godhamu keessatti hirmaannaafi deeggarsa waliin akka godhan ni qindeessa; qindoominaan ni hojjata;
   j) HIV/AIDS ilaalchisee akkaataa barnoonni eegumsa fayyaa bal'inaafi qulqullinaan hawaasichaaf gahuu itti danda'u ni qiyyaasa;meeshaalee barnoota deeggaran ni qopheessa; ni tamsaasa; qindoominaan ni raawwachiisa;
   k) Qaamota HIV/AIDS ilaalchisee sadarkaa hundaarratti hundeeffamaniif gorsaafi deeggarsa teekniikaa ni kenna;
   l) Ogeessota dhimma kanarratti bobba'aniif haaromsa, barnootaafi fooyyessa ogummaa ni qopheessa; ni adeemsisa;
   m) Maddoota addaddaarraa deeggarsa maallaqaafi kan biraa walitti ni qaba; abbaa qabeenyaa ni ta'a; waliigaltee ni godha;
   n) Gabaasa raawwannaa hojii ni qopheessa; Mana Mariifi Koree Hojii Raawwachiftuu Naannootiif ni dhiheessa; yemmuu ragga'es qaamota dhimmi ilaaluuf ni tamsaasa;
   o) Qaamota biraa wajjin quunnamtii hojii ni godha;
   p) Hojiilee biroo kanneen Mana Mariifi Koree Hojii Rawwachiftuu Naannootiin kennamaniif ni raawwata.

15. **Aangoofi Hojii Hoogganaa Waajjirichaa**

Hooggantichi;

1. Gaggeessaa hojii muummichaa ta'uudhaan akka qajeelfama Mana Marii Naannootiin hojiilee Waajjirichaa ol-aantummaan ni qindeessa; ni hoggana; ni to'ata;



፲፬. የጽ/ቤቱ መዋቅር፣ ሥልጣንና ተግባር

፩: ጽ/ቤቱ
   (ሀ) የክልሉ መንግስት ሥራ አስፈፃሚ ኮሚቴ በሚ.ወ ስነው መሠረት ይዋቀራል።
   (ለ) የጽ/ቤቱ ኃላፊ በክልሉ መንግሥት ሥራ አስፈፃሚ ኮሚቴ ይሾማል።
   (ሐ) አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች ይኖሩታል።

፪. ጽ/ቤቱ
   (ሀ) ዕቅድ እና በጀት ያዘጋጃል፣ በክልል ምክር ቤት ሲፈቀድ ሥራ ላይ ያውላል፣ የኤችአይ.ቪ./ኤድስ የሥራ ፕሮግራሞችን ያወጣል።
   (ለ) ኤች.አይ.ቪ./ኤድስን ለመቆጣጠር እና ለመከላከል መመሪያ ያዘጋጃል፣ በክልል ም/ቤት ሲፀድቅ ያስ ፈጽማል።
   (ሐ) ኤች.አይ.ቪ./ኤድስ እንዳይስፋፋ የመከላከያ እና የመቆጣጠሪያ ሥልቶች በብቃት ሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል።
   (መ) ከቫይረሱ ጋር የሚኖሩ ለዎች፣ የኤች. አይ. .ቪ./ ኤድስ ህመምተኞች፣ በዚህ ሕመም ምክንያት ቤተሰቦቻቸውን ያጡ ሕፃናት እና ሌሎች ጉዳት የደረሰባቸው ቤተሰብ አባላት ክብካቤ ሊያገኙ የሚችሉበትን መንገድ ያመቻቻል።
   (ሠ) በክልል እና በአገር አቀፍ ደረጃ በሽታውን ለመከላከል እና ለመቆጣጠር የሚደረገውን ጥረት በመተባበር ያጠናክራል።
   (ረ) ከቫይረሱ ጋር ለሚኖሩ እና ለኤች.ኤ.ቪ./ኤድስ ሕመምተኞች ሰብአዊ መብቶች እንዲከበሩላ ቸው እገዛ ያደርጋል ።
   (ሰ) በሽታውን በሚመለከት ጊዜውን የጠበቀ ጥናትና ምርምር ያካሂዳል፣ የሚገኘው ውጤት ሥራ ላይ እንዲውል አስፈላጊውን ጥረት ያደርጋል።
   (ሽ) በሽታውን በላቦራቶሪ ምርመራ አገልግሎት ለማወቅ ለውን የሚስችል እና የሰርቬላንስ ማናጅመንት በትጋት በህብረተሰብ ውስጥ የቫይረሱን ሥርጭት ለመከታተል ለውን የሚ ያስችል ሁኔታ እንዲኖር ያደርጋል።
   (ቀ) መንግሥታዊ እና መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች፣ እንደዚሁም በሽታውን ለመከላ ከል እና ለመቆጣጠር በሚደረገው እንቅስቃሴ ውስጥ ክበባት የጋራ ተሳትፎ እና ድጋፍ እን ዲያደርጉ ያስተባብራል፣ በቅንጅት ይሠራል።
   (በ) ኤች.አይ.ቪ./ኤድስን በሚመለከት ለህብረተሰቡ ት፦ህርት በስፋት እና በጥራት ሊደርስ የሚችልበትን ሁኔታ ይቀይሳል፣ ለትምህርት አጋዥ መሳሪዎችን ያዘጋጃል፣ ያሰራጫል፣ በቅንጅት ያስፈጽማል።
   (ተ) ኤች.አይ.ቪ./ኤድስን በሚመለከት በሁሉም ደረጃ ላይ ለተቋቋሙት አካላት የምክር እና የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል።
   (ቸ) በዚህ ጉዳይ ላይ ለተሠማሩት ባለሙያዎች የተ ሃድሶ እና የሙያ ማሻሻያ ትምህርት ያዘጋጃል ያካሂዳል።
   (ነ) ከልዩ ልዩ ምንጮች የገንዘብ እና የሌሎች ድጋፍ ይሠበስባል፣ ባለንብረት ይሆናል። ውል ይዋዋላል።
   (ኘ) የሥራ አፈፃፀም ሪፖርት ያዘጋጃል፣ ለክልል ም/ቤት እና ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ያቀርባል። ሲፀድቅም ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት ያሠራጫል ።
   (አ) ከሌሎች አካላት ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል ፡
   (ወ) ከክልሉ ም/ቤት እና ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚሠጡትን ሌሎች ሥራዎችን ያከናውናል።

፲፭. የጽ/ቤቱ ኃላፊ ሥልጣንና ተግባር

ኃላፊው፣

፩. ዋና ሥራ አስኪያጅ በመሆን በክልሉ ም/ቤት መመሪያ መሠረት የጽ/ቤቱን ሥራዎች በበላይነት ስተባብራል፣ ይመራል፣ ይቆጣጠራል።

2. Aangoofi hojiileen Waajjirichaa kanneen keewwata 14 jalatti eeraman hojiirra ooluusaanii ni mirkaneessa;
3. Hojjattoota Waajjirichaaf barbaachisan akka qajeelfama Manni Marii Naannoo raggaaseetti Ni qaxara; ni bulcha;
4. Karoorriifi baajanni Waajjirichaa akka qophaa'u ni godha; yemmuu Mana Marii Naannootiin ayyamamus hojiirraa ooluusaa ni mirkaneessa;
5. Akka baajataafi karoora Waajjirichaaf hayyamameetti, maallaqni bahii akka tahu ni godha;
6. Quunnamtii Waajjirichi qaamota sadaffaa wajjin godhu hundarratti Waajjiricha bakka bu'a;
7. Sochii hojii Waajjirichaa ilaalchisee gabaasa ni dhiheessa;
8. Hoggantichi hamma hojiilee sirriitti adeemsisuuf barbaachisa ata'etti aangoosaa qoodee hojjattoota Waajjirichaa kanneen birootiif bakka bu'ummaan keennuu ni danda'a.

### 16. Baajata

1. Maddi baajata Waajjirichaa:
   a) Maallaqa Mootummaa Naannootiin ramadamu,
   b) Maallaqa gargaarsaan argamuufi
   c) Maallaqa maddoota biroorraa argamu ta'a.
2. Maallaqni keewwata kana keewwata (1) jalatti eerame maqaa Waajjirichaan Baankii Biyyooleessaa ykn bankii inni baka buusu taa'ee kaayyoolee Mana Mariif karaa seera qabeessa ta'een hojiirra kan oolu taha.
3. Maallaqni:
   a) Saanduuqa Mootummaa irraa argame akkaataa seera Faaynaansiitti bula;
   b) Liqii fi gargaarsaan argamu akkaataa waliigaltee ykn qajeelfama dhaaba ykn nama gargaarsa ykn liqii keenne waliin murtaa'een bula; yoo kun hin jirre, seera Faaynaansiitiin bula.
4. Waajjirichi mana murtiitti yeroo himatu kaffaltii abbaa seerummaa irraa bilisa ni ta'a.

### 17. Galmeelee Herregaa

1. Waajjirrichi galmeelee herregaa kanneen guutuufi sirrii tahan ni qabaata.
2. Galmeen herregaa ykn dookumentiin maallaqa ilaalu Odiitara Ol'aanaa Mootummaa Naannichaatiin ykn odiitara biraatiin waggaa waggaan ni qoratama.

### 18. Dirqama Deeggarsaa

Namni ykn dhaabbanni kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti ibsaman hojiirra oolchuuf qaamota dhimmichi ilaaluuf deeggarsa barbaachisaa keennuuf dirqama qaba.

### 19. Aangoo Qajeelfama Baasuuu

Manni Marii Naannoo Dambii kana hojiirra oolchuuf qajeelfama barbaachisaa tahe baasuu ni danda'a.

### 20. Dambii Raawwatiinsa Hinqabne

Dambiin, qajeelfamni ykn hojmaatni Dambii kanaan faallaa tahe kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti eeramanirratti raawwatiinsa hinqabu.

### 21. Yeroo Dambiin kun itti Ragga'u

Dambiin kun Sadaasa 25, bara 1993 irraa kaasee kan hojiirra oolu taha.

**Finfinne, Sadaasa 25 bara 1993**
**Kumaa Dammaqsaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**



፪. በአንቀጽ ፲፬ ሥር የተገለፁት ሌሎች የጽ/ቤቱ ሥልጣንና ተግባራት ሥራ ላይ መዋላቸውን ያረጋግጣል።
፫፡ ለጽ/ቤቱ የሚያስፈልጉ ሠራተኞችን የክልሉ ም/ቤት ባጸደቀው መመሪያ መሠረት ይቀጥራል፣ ስተዳድራል።
፬. የጽ/ቤቱ ዕቅድና በጀት እንዲዘጋጅ ያደርጋል፣ በክልሉ ም/ቤት ሲፈቀድም ሥራ ላይ መዋሉን ያረጋግጣል።
፭. ለጽ/ቤቱ በተፈቀደው በጀትና ዕቅድ መሠረት ገንዘብ ወጪ እንዲሆን ያደርጋል።
፮. ጽ/ቤቱ ከሦስተኛ ወገን ጋር በሚያደርገው ግንኙነት በሙሉ ጽ/ቤቱን ይወክላል።
፯. የጽ/ቤቱን የሥራ እንቅስቃሴ በሚመለከት ሪፖርት ያቀርባል።
፰. ኃላፊው ሥራዎችን በሚገባ ለማካሄድ አስፈላጊ እስከሆነበት ሥልጣኑን አካፍሎ ለጽ/ቤቱ ሌሎች ሠራተኞች በውክልና መስጠት ይችላል።

### ፲፮. በጀት

፩. የጽ/ቤቱ የበጀት ምንጭ፣
   (ሀ) በክልሉ መንግሥት የሚመደብ ገንዘብ፣
   (ለ) በእርዳታ የሚገኝ ገንዘብ እና
   (ሐ) ከሌሎች ምንጮች የሚገኝ ገንዘብ ይሆናል።
፪. በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ (1) ሥር የተገለፀው ገንዘብ በጽ/ቤቱ ስም በብሔራዊ ባንክ ወይም እሱ በሚወክለው ባንክ ተቀምጦ፣ ለም/ቤቱ ዓላማዎች ሕጋዊ በሆነ መንገድ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።
፫. ገንዘብ፣
   (ሀ) ከመንግሥት ግምጃ የተገኘው በፋይናንስ ህግ መሠረት ይተዳደራል።
   (ለ) በብድር እና በእርዳታ የሚገኝ ገንዘብ በውሉ ወይም በመመሪያ መሠረት፣ ወይም ብድር ከሰጠው ድርጅት ወይም ሰው ጋር በሚወሰነው ይተዳደራል፣ ይህ ከሌለ በፋይናንስ ሕግ ይተዳደራል።
፬. ጽ/ቤቱ በፍርድ ቤት ሲከስ ወይም ሲከሰስ ከዳኝነት ክፍያ ነፃ ይሆናል።

### ፲፯. የሂሳብ መዛግብት፣

፩. ጽ/ቤቱ የተሟሉ እና ትክክል የሆኑ የሂሳብ መዛግብት ይኖሩታል።
፪. የሂሳብ መዛግብት ወይም ገንዘብን የሚመለከቱ ዶክመንቶች በክልሉ መንግሥት ዋና ኦዲተር ወይም በሌላ ኦዲተር መረመራል።

### ፲፰. የመተባበር ግዴታ

ማንኛውም ሰው ወይም ድርጅት በዚህ ደንብ ውስጥ የተገለፁ ጉዳዮችን ሥራ ላይ ለማዋል ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት አስፈላጊውን ትብብር ለመስጠት ግዴታ አለበት።

### ፲፱. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

የክልል ም/ት ይህን ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል አስፈላጊ ሆነውን መመሪያ ለማውጣት ይችላል።

### ፳. ተፈፃሚነት የሌለው ደንብ

ለዚህ ደንብ ተቃራኒ የሆነ ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያ ወይም አሠራር በዚህ ደንብ ውስጥ ለተገለፁት ጉዳዮች ተፈፃሚነት አይኖረውም።

### ፳፩. ይህ ደንብ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ ደንብ ከሕዳር ፳
፭ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ.ም. ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ፣ ሕዳር ፳፭ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ.ም.
ኩማ ደመቅሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት